

Oromo

Eenyummessa keessan keessaa, isa kamtu ilaalamaa?

Yeroo haasofni waa'ee qubsumaa gaggeefamu, odeeffannoowwan dhunfaa keessan kan qubsuma keessaniif barbaachisaa ta'an ilaalamuu danda'u. Qubsuma kessaniin walqabatee odeeffannoowwan dhunfaa kunniin qaamoota mootummaa Norway irraa namoota ta'aniin ni ilaalamaa.

Odeeffannowwan armaan gadii ni ilaalla:

- Haala xiyyeffannoo addaan ilaalamuu qaban dhimma qubsumaan wal qabatee.
- Yeroowwan , teessuma fi afaan haadhaa-abbaa(afaan dhalootaa).
- Afaan turjumaanaf filatamu.

Yoo qubsumaaaf barbaachise, odeeffannowwan armaan gadiitis ilaalamuu danda'u

- Sabaa fi sablammii.
- Amantii fi ilaalcha amantii
- Haala ykn seenaa yakcaa
- Haala fayyaa
- Haaloota qunnamti-saala waliin wal qabatan kan akka fedhii-saalaa(fkn saala walfakkatu jaalachuu fi kkf) fi hubannoo-saalaa(fkn dubara, dhira fi kkf)

Nuti odeeffannoo waa'ee fayyaa keessan ilaaluun dura, isin hayyamuu keessan labsii-hayyama(samtykkeerklaring) irratti mallatteessu qabdu. Labsichi akka oggeeyyiin fayyaa odeeffanno-fayyaa keessan dabarsani kennuu danda'anii fi akka nuti odeeffannoo sana ilaalu dandeenyu ibsa. Hojjattooni moora baqatoota labsicha-hayyama kana guutuf gargaarsa barbaachisaa ta'an isiniif laatu.

Maalif Eenyumeessa keessan ilaalla?

Nuti eenyummessa keessan kan ilaalluuf, fedhii fi dandeetti keessan irraatti hunda'uun bakka isinin mijatu isinin qubsiusudhaafi . Odeeffannoон-dhunfaa keessan kan ilaalamu dhimma kana ilaallatu qofaafi. Nuti odeeffannoo fayyaa keessan kan ilaallu yoo isin hanqina-qaamaa hamaa qabattan fi/ykn amala-rakkisaa qabaattan ykn rakkina fayyaa kan biraa kan mijaa'ina manaa addaa gaafatu ta'e qofaadha.

Eenyuuf Eenyummeessa keessan dabarsine kennina?

Erga haasofni waa'ee qubsumaa gaggeefame booda, mooraan baqatoota(kan damee UDI taate) odeeffannoo dhunfaa kan barbaachisoo ta' an dabarsee IMDi,NAV, Bulchina Godina fi Bulchina Aanaaf kennuu danda'a. Haalli quodiinsa-odeeffannoo karaa egumsa qabu meesha dijitali IMDInett tiin rawwatama. Meeshaan kun meesha walqunnamti IMDi fi bulchinsa godina fi aanati.

Nuti odeeffannoo kana yoo baay'ee tursiine, erga haasofni kun raawwatamee booda waggoota 15 booda balleessina.

Nageeya waliin:

Daarekteraa Waaltessaa (Integreeringii) fi guraamalee (mangfoldii).